# FANDII SEENT POOL BIRIIJ

**Miidhaa COVID-19 Diinagdee Irratti Qaqqabsiiseef Deggersa Yeroo Hatattamaa**

---

Akkuma Hawwaasa biyya keenya keessa jiran kaanii Magaalaan Seenti Poolis rakkoo COVID-19 qaqqabsiisaa jiruuf qajeelfama ogeessota fayyaa irraa dhufu hordofaa deebii kennaa jirti. Haala ariitiidhaan jijijjiiramaa jiru kana keessatti fayyummaa jiraattota keenyaa qofa utuu hin taane miidhaa inni diinagdee irraan ga'uufis deebii kennuun itti gaafatamummaa keenya ta'a. Fandiin yeroo hatattamaa Seenti pool Biriij maatii fi daldala xixiqqaa gargaarsi baayyee isaan barbaachisuuf deggersa ni kenna.

| MAATIIDHAAF | DALDALA XIXIQQAAF |
|---|---|
| **$ MILIYOONA 1** | **$ MILIYOONA 2.25** |
| Fandiin yeroo hatattamaa Seenti Pool Biriij maatii gargaaruudhaaf kallattiidhaan moorgeejii ykn kiraa manaaf kan oolu $1000 (dolaara kuma tokko) ni deggera. Deggersa kana maatiin argachuu danda'an:<br>● Giddu galeessatti galii 40% fi isaa gad kan argatan, jechuunis maatii miseensa afur qabuuf $40,000 jechuudha<br>● Yoo xinnate barataa oolmaa da'immanii hanga kutaa 12ffaatti maatii waliin Fi<br>● Sababa COVID-19 irraa kan ka'e galii isaanii kan dhaban. | Fandiin yeroo hatattamaa Seenti Pool Biriij daldalatoota xixiqqaadhaaf baasii kallattii fi battalaatiif kan oolu $7,500 deggersa ni kenna. Kunis kanneen akka:<br>● Kiraa/Moorgeejii kaffaluuf<br>● Fayyaa hojjettootaaf<br>● Kaffaltii Yeroo Boqonnaa fi Miindaaf<br>● Meeshaalee dhumaataaf kaffaltiin eegamu yoo jiraate<br>Kana argachuuf kan danda'an daldaloota xixiqqoo hojjetaa hanga 20tti qabanii fi galiin isaanii kan waggaa $ Miliyoona 2 fi isaa gadi ta'ee ji'a ja'aa oliif magaalaa Seent Pool keessatti kan hojjetaa turanii fi COVID-19 daldala isaanii irratti miidhaa geessisuu isaa ragaadhaan deggeruu kan danda'aniif dha. |

## INVESTIMENTII WALII GALAA $ MILIYOONA 3.25

Fandiin yeroo hatattamaa Seenti Pool Biriij kan deggersa argate Saint Paul Housing and Redevelopment Authority funds, fi deggersa Saint Paul & Minnesota Foundation fi Ecolab Foundation irraati. Waa'ee Fandiin yeroo hatattamaa Seenti Pool Biriij caalaatti baruudhaaf as irratti galmaa'i **stpaul.gov/coronavirus**.

SAINT PAUL